

**Guddina Qaamaa Daa'immanii Jajjabeessuuf Gahee Maatii**

**Kitaaba Harkee Barsiisonniifi Hojjattoonni  
Dhaabbata Kunuunsa Daa'immanii Maatii  
Ittiin Mariisisuuf Qophaa'e**

**Bara 2012**

## Baafata

### Mataduree

### Fuula

Qajeelcha waliigalaa leenjichaa .....	1
Sadarkaalee guddina qaamaa daa'immanii hubachuu .....	
Shaakala gochaa .....	
Ergaawwan ijoo .....	
Balbalooma ragaa mariisisaaf dhihate .....	
Guddina qaamaa daa'immanii dadammaqsuu .....	
Shaakala gochaa .....	
Ergaawwan ijoo .....	
Balbalooma ragaa mariisisaaf dhihaate .....	

## **Qajeelcha Waliigalaa Leenjichaa**

**Kaayyoon leenjichaa :** leenjichaan booda, maatiwwan/ guddistoonni dadammaqsitoota barbaachisoo ta'aniin akkamitti guddina qaamaa daa'immanii akka gabbisan hubatu.

## **Hirmaattota Leenjichaa**

Hirmaattota leenjichaa akka ta'aniif kanneen eegaman barsiistota, hojjetoota dhaabbilee kunuunsa daa'immanii keessa hojjetan. Akkasumas, maatiwwan/ guddistootadha.

## **Marii Guyyaa Darbee Yaadachuu**

Tokkoon tokkoon leenjifamtootaa waan guyyaa darbe baratan yaadachuuf akka isaan gargaaruuf, jalqaba leenjiiwwan kekennamanii irratti hirmaattonni lama yaadawwan ijoo marii guyyaa darbee akka dhiheessan gaafachuu.

## **Fakkeenyaaf:**

1. Wantoonni guyyaa darbe irratti mari'anne maal maalfaa turan?
2. Dhimma mataduree guyyaa darbe irratti mari'annee wajjiin walqabatee, mana keessanitti ijoollee keessanii wajjin maal dalagdani? Rakkoon isin mudate hoo jira turee?
3. Barnoota guyyaa darbee olla keessaniifi namoota waliin hojjetaniif qooddaniittuu?

## **Madaallii Leenjii Duraafi Leenjii Boodaa**

Tokkoon tokkoon kutaa leenjii osoo hin eegaliin dura hirmaattotaaf madaalliin leenjii duraa nikennamaaf. Beekumsa leenjichaan horatan madaaluufis erga mariin xumuramee booda madaalliin leenjii boodaa nikennama.

## **Dambiiwwan Leenjii Waliigalaa**

Guyyaa jalqaba leenjichaatti dambiiwwan leenjichaa armaan gadii hirmaattotatti beeksisuu

- Taa'umsi leenjifamtootaa bifa geengoo walakkaatiin yoo ta'e filatamaa ta'uusaa beeksisuu
- Mariisistootaafi hirmaattota walbarsiisuu
- Yeroottiin argamuu
- Yeroo leenjichi kennamu bilbila harkaa (mobile phone) cufuu yookiin sagalee maleessa (silent) taasisuu
- Wayitii leenjichaa hunda irratti argamuu
- Si'aayinaan hirmaachuu
- Yaada namoota biroo kabajuu
- Filannoo namoota barnoota darbe yaadachiisanii: tokko tokkoon guyyaa jalqabaa irratti barnoota guyyaa darbe baratan ilaalchise hirmaattotaa yaadachiisuuf kanneen gabaabsanii ibsan hirmaattota lama eeruu: daqiiqaa 5 yeroo dhiheessaa murteessuu.

- Bakka leenjichaa murteessuu – guyyoota jalqabaa hundarratti daqiiqaa kudhaniif qindeessitooti leenjichaa bakka leenjichaa mijeessu.
- To'ataa yeroo filuu

### **Meeshaalee Barbaachisan**

- Sadarkaa umrii daa'immaniin kanneen qophaa'an kitaabilee seenaa yookiin oduu duriifi fakkiwwan
- Gabatee gurraacha qulqulluu/ filiip chaartii
- Maarkerii
- Qubeessaafi dabtara yaadannoo
- Barruu gaggabaaboo facaafaman

### **Guddina Qaamaa Daa'immanii Dadammaqsuuf Ga'ee Maatiwwanii**

#### **Yeroo Marii 1**

#### **Sadarkaalee Guddina Qaamaa Daa'immanii Hubachuu**

#### **Yeroon Ramadame : daqiiqaa soddoma**

##### **Mariisisaa**

Qajeelcha waliigalaa keessatti haala kaa'ame irratti hundaa'uun, hirmaattonni lama yaadawwan ijoo marii guyyaa darbee akka yaadachiisan gaafachuu

##### **Mariisisaa**

Qabxiwwan ka'umsaa armaan gaditti dhihaatan dubbisaa. Akkasumas, ragaan caalaatti balballoomsamee ibsame kan keessatti argamu, dhuma kutaa marii kanaatti mariisisaatiif raga dabalataa jechuudhaan yaadawwan eeraman ilaalaa.

#### **Yaadannoo Barbaachisaa Mariisinaan Marii Dura Dubbisu**

- Umriin daa'imummaa jijjiiramni guddina qaamaa olaanaan bara itti mul'atudha.
- Jijjiiramni guddina qaamaa daa'immanii kan walfakkaatu miti. Daa'imman tokko tokko gabbina qaamaa saffisaa ta'e yeroo agarsiisan, kanneen biroon immoo guddina saffisaa hin taane keesummeessu.
- Daa'imman yeroo guddatan hanga lafeewwaniifi maashaalee isaanii, jabinniifi hojii isaan dalagan niguddata.
- Daa'imman guddina qaamaa umrii isaanii wajjin walgitu agarsiisuu yoo dadhaban ogeessota fayyaa mariisisuun barbaachisaadha.

#### **Sagantaa Marii Darbee Keessa Deebi'uu (Daqiiqaa Shan)**

1. Wantoonni yeroo darbe irratti mari'anne maal maalfaa turan?
2. Barnoota yeroo darbee namoota bakka hojii keessaniifi naannoo keessanitti argamaniif qooddaniittuu?

**Kaayyoo Marichaa:**

- Xumura marichaa irratti maatiiwwan/guddistoonni sadarkaalee guddina qaamaa daa'immanii adda nibaasu.
- Yoom gara dhaabbilee fayyaa deemuu akka qaban nibaru.

**Mariisisaa**

Kaayyolee marichaa ibsaaffii

**Shaakala Gochaa – gochaalee umriidhaan adda baasuu (Daqiiqaa Digdama)**

**Mariisisaa**

Daa'imman gochawwan armaan gadii naannoo umrii kam keessatti akka raawwatan, maatiiwwan akka dubbatan gaafadhu.

Gochawwan daa'immaniin raawwataman :

- Morma isaanii deggersa malee dhaabbisuu
- Wantoota ija isaaniitiin duukaa bu'uu
- Meeshaalee barbaadani qabuu
- Daa'imuu
- Of danda'anii taa'uu
- Gulantaa manaarraa gadi bu'uufi ol itti ba'uu
- Dhaabbachuu
- Deemuu
- Waraqaa wal qixxeessanii dachaasuu
- Fuula kitaabaa tokko tokkoon galagalchuu
- Meeshaalee irra utaaluu

**Mariisisaa**

Keeyyata armaan gadii dubbisaaffii

Daa'imman sadarkaalee umrii garaa garaatti, gochawwaniifi sochiilee qaamaa garaa garaa akka raawwatantu eegama. Kunis, daa'imman sadarkaa eegamanitti guddachuu isaanii mirkaneessuuf nu gargaara. Haata'uu malee, daa'imman hundi guddina walfakkaataa qabaachuu hindanda'ani. Daa'imman tokko tokko guddina qaamaa saffisaa ta'e yeroo agarsiisan, daa'imman biroon immoo guddina suutee ta'e agarsiisuu nidanda'u.

**Marii Garee (Daqiiqaa Kudhan)**

## **Madaallii (Keessa Deebii): (Daqiiqaa Shan)**

### **Mariisissaa**

Mariin guyyaa har'aa dhimmoota guddina qaamaa daa'immaniin walqabatan irratti akka gaggeeffamu ibsuudhaan

1. Hirmaattonni gareen akka qoqqoodaman himuu
2. Gareen tokko, daa'imman erga dhalatani jii'a sadii guutan, gareen lammaffaa, daa'imman umuriin isaanii waggaa lama guute, gareen sadaffaa immoo, daa'imman umriin isaanii waggaa afur guute akaakuu gochawwaniifi sochiwwanii akkam akkamii raawwatu? gaaffii jedhu irratti mari'atanii akka deebisan taasisuu
3. Tokko tokkoon garee hirmaattota birootiif gabaasa kan dhiheessu gochaan agarsiisaa ta'uu qaba. Kanaafuu, hirmaattonni hunduu umriiwwan eeramanitti gocha yookiin sochii daa'imman raawwatan hirmaattota hundatti sochiidhaan agarsiisutu irraa eegama.

## **Marii Booda – Madaallii (Daqiiqaa Shan)**

### **Mariisissaa**

Gaaffiwwan madaalliif dhihaatan guyyaa sanatti hammam akka baratan madaaluuf kan dhihaatan malee, qormaata akka hin taane maatiwwaniif ibsuun barbaachisaadha. Kanaafuu, hirmaattonni sadarkaalee guddina daa'immanii yaadachuun hamma beekan akka ibsan jajjabeessuu. Akkasumas, beekumsa guyyaa sana argatan yaada ijoosaa akka yaadatan gaafachuu. Mariisisaanis, deebii isaanii hordofuudhaan yaada jabeessu yookiin sirreessu kennuu. Duubdeebii mariisisaan kennu, barreeffama kana keessatti, ragaa dabalataa mariisisaaf kaa'amee wajjin walfudhachuu qaba.

## **Ergaawwan Ijoo (Daqiiqaa Shan)**

### **Mariisissaa**

Ergaawwan ijoo dubbisaafii

- Daa'imman sadarkaalee umrii garaa garaarratti gochawwan yookiin sochiwwan qaamaa gurguddoo ta'an maatiwwan beekuu qabu.

## **Goolaba (Daqiiqaa Afur)**

### **Mariisissaa**

Wayita mariin kun gaggeeffamu, maatiwwan guddina qaamaa daa'immanii sadarkaa sadarkaadhaan ilaaluu isaanii yaadachiisuun barbaachisaadha. Dabalataanis, namoota olla isaanii, bakka hojii isaaniifi haala kamiinuu namoota wal arguu danda'anii wajjin ragaalee faayida qabeessa ta'an kana akka walii qooduu qaban yaadachiisuun barbaachisaadha.

Xumura irrattis, hirmaattonni guyyaa marichaa hirmaannaa isaan taasisaniif galateeffachuun barbaachisaadha.

## Yaadannoo Mariisisaa

### Mariisisaa

Xumura marichaa irratti yaadannoo qabachuun barbaachisaadha. Qoophii marichaaf taasistu keessa yookiin adeemsa marichaa keessa yaadawwan ijoo calalamanii ba'aniifi boqonnaa kana keessatti haammatamuu yookiin irra deebi'amanii ilaalamuu qaban galmeessi. Yaadawwan ijoo kunneen gara fuulduraatti raga kana caalaatti gabbisuuf nigargaaru .

### Ragaa Dabalataa Mariisisaaf Dhihaate

### Guddina Qaamaa Daa'immanii

Daa'imman yeroo guddatan, hangi lafeewwaniifi maashaalee isaanii, jabbinniifi hojiiwwan isaan dalagan niguddata. Daa'imman yeroo guddatan gochawwan qaamaa walxaxaa ta'an hedduu akka dalagantu eegama. Sochiin qaamaa daa'imman irraa eegamu, daa'imman addunyaa kanarra jiran yeroo isaan dhalatanii eegaluun ofeeggannoodhaan qoratamee kan argamedha. Umriin daa'imummaa jijjiiramni guddina qaamaa olaanaan bara itti mul'atudha. Kanaanis, guddina maashaalee isaanii wajjin wal qabatee, wantoota akkam akkamii dalaguu akka danda'an tarreessuudhaan, guddina qaamaa umurii isaaniitti eegamu dimshaashaan kaa'uun nidanda'ama.

Jijjiiramni guddina qaamaa daa'immanii kan walfakkaatu miti. Daa'ima daa'imatti garaagarummaa qaba. Daa'imman tokko tokko gabbina qaamaa saffisaa ta'e yeroo agarsiisan, kanneen biroo immoo guddina saffisaa hin taane keessummeessu. Kanaafuu, sadarkaaleen jijjiirama guddina qaamaa kun akka daangeffamuuf yookiin haammannaa argatuuf malee, akka agarsiistuu guddina sirrummaan dhugoomuu qabuutti fudhatamee daa'imman hunduu ji'ootaafi waggoota eeramanitti jijjiirama guddina qaamaa kaa'aman hunda akka agarsiisan eegamuu hinqabu. Haata'u malee, daa'imman guddina qaamaa isaan irraa eegamu agarsiisuu dadhabanii yoo boodatti hafan ogeeyyii fayyaa mariisisuun barbaachisaadha.

### Daa'imman umrii ji'a tokkootti:

- Gara lapheetti yookiin qomatti dhiheessanii yoo haammataniin, mataa isaanii ol qabatu. Garuu, deggersa hin argatan taanaan nikufu.
- Dudda isaaniifi mataa isaanii qabanii yeroo haasofsiisaniin harkaafi miilla isaanii olii gad raasu.
- Sochii wantootaa, fageenya saantii meetirii digdamaa hanga soddomaa qabanii, ija isaaniin duukaa bu'u.
- Harki isaanii yeroo hunda akka aboottatetti dha.

- Wantootaa harka isaaniitti kennamuuf qabuu nidanda’u. garuu, dafanii gatu.

#### **Daa’imman umrii ji’a lamaatti:**

- Ciisanii mataa isaanii gara bitaafi mirgaatti naannessuu nidanda’u.
- Garaatiin yeroo ciisan mataa isaanii yeroo gabaabaaf ol niqabatu.
- Qodaa yeroo gabaabaaf qabuu nidanda’u.
- Harka isaanii yeroo hunda akka aboottatanitti dha.
- Miilla isaaniin nitaphatu.
- Cinaacharraa gara duddaatti nigalagalu.
- Sochii wantootaa ija isaaniitiin nihordofuu. Bilbilli harkaafi daawwitiin meeshaalee isaan ittiin taphachuu jaallatanidha.

#### **Daa’imman umrii ji’a sadiitti:**

- Mataa isaanii ol niqabu.
- Harka isaaniifi miilla isaanii haala fooyya’aa ta’een to’achuu nidanda’u.
- Harka isaaniitiin gara afaan isaanii nixuqu.
- Harki isaanii baayyee kan aboottate osoo hintaane kan walgadhiisaniidha.

#### **Daa’imman umrii ji’a afuriitti:**

- Garaa isaaniitiin yeroo ciisan, harka isaaniitti hirkatanii mataafi qoma isaaniitiin ol nijedhu.
- Dudda isaaniitiin yeroo ciisan, harka isaanii gara qoma yookiin laphee isaaniitti nidhiheessu.
- Hirkatanii yeroo taa’an, mataa isaanii ol dhaabaniin niqabu.
- Harka isaanii hinabootatani.
- Gargaarsa namootaatiin harka walitti rukuchuu nidanda’u.
- Qoodaan yeroo itti kennamu qabuu nidanda’u.
- Duddarraa gara cinaacha isaaniitti nigaggalagalu.

#### **Daa’imman umrii ji’a shaniitti:**

- Miilla isaanii gara afaan isaaniitti geessuudhaan quba miilla isaanii hodhu.
- Garaa isaaniitiin yeroo ciisan gara dudda isaaniitti nigalagalu.
- Gargaarsa kunuunsitoota (guddistoota) isaaniitiin taa’uu nidanda’u.
- Qodaa kaasuufi gatu nidanda’u.
- Qodaa qabuudhaaf ija isaaniifi quba isaanii walitti qindeessu.
- Qodaa ittiin aannan dhugan (xuuxxoo) harka tokkoon yookiin harka lamaan niqabu.

#### **Daa’imman umrii ji’a ja’aatti:**

- Garaa isaaniitiin yeroo ciisan gara dudda isaaniitti yookiin duudda isaaniitiin yeroo ciisan gara garaa isaaniitti nigalagalu.
- Deggersaan taa’uu nidanda’u.



- Garaa isaaniitiin yeroo ciisan harka isaaniitiin deggeramanii nika'uu .
- Harkawwan isaanii qodaa qabuuf, rukuchuufi bishaan facaasuuf itti fayyadamuu nidanda'u.
- Harka isaanii yookiin intalshee ( doll ) gara afaan isaaniitti nigalchu.
- Rifeensa, fuulaafi bircciqqoo yeroo qaban qimmiiduufi jabeessanii qabuu nidanda'uu.

#### **Daa'imman umrii ji'oota torbaa hanga sagaliitti:**

- Deggersa malee taa'uu nidanda'u.
- Yoo deggeraman miilla isaaniitiin nidhaabbatu.
- Lo'uudhaan, daa'imuudhaan, taa'umsa isaaniitiin foqoquudhaan yookiin garaa isaaniitiin naanna'uudhaan socho'uu niyaalu.
- Qodaa harka isaanii tokko irraa gara harka isaanii birootti dabarsuu nidanda'u.
- Quba isaanii abbuudduufi quba isaanii akeektuu gargaaramanii qodaa xixiqqoo nikaasu.
- Qodaa lama walitti nibuusu.

#### **Daa'imman umrii ji'oota kudhanii hanga kudha lamaatti:**

- Daa'immuun yookiin taa'umsa isaaniitiin foqoquun salphaatti nisocho'u.
- Deggersa malee nidhaabbatu.
- Teessoofi minjaala yookiin harka guddistuu( kunuunsituu) isaanii qabatani miilla isaaniitiin nideemu.
- Meeshaalee baattuu isaanii keessaa nibaasu.
- Fiixee quba abbuudduufi akeektuu isaanii gargaaramuun meeshaalee xixiqqoo nikaasu.
- Harka isaaniitiin intalshee (doll) cuunfuudhaan nitaphatu.

#### **Daa'imman umrii ji'oota kudha sadii hanga kudha saddeetiiti:**

- Gullantaatti ba'uuf nidaa'imu. Gulantaattis niba'u.
- Deggersaan gara kallattii tokkootti nideemu.
- Qofaa isaanii nideemu.
- Intalshee (doll) isaanii qabatani nideemu.
- Intalshee isaanii dhiituufi kaasuu niyaalu.
- Osoo hinkufiin, Intalshee isaanii dhiituufi kaasuu nidanda'u.
- Wantoota walirra naquun taphatan, sadiifi isa ol walirra naquu nidanda'u.
- Nyaata qubaan qabamanii nyaataman ninyaatu.

#### **Daa'imman umrii ji'oota kudha saddeetii hanga soddonii ja'aatti:**

- Tapha garee keessatti, fiigichoo, guluffii, daa'imuu, konkolaachuu, akkasumas, tapha geengoo marsuu keessatti nihirmaatu.
- Gufuwwan dhabamsiisuun nifiigu
- Riqaa yookiin meeshaalee taphaa kan biroorra niba'u.
- Saayikilii abbaa gommaa sadii ni oofu
- Qubeessaa sirriitti niqabatu.

- Fuula kitaabaa tokko tokkoon nigalagalchu.
- Qabdoowwan balbalaa ninaannessu
- Wantoota walirra naquun taphatan shaniifi isaa ol walirra naquu nidanda'u.
- Of danda'anii nyaachuu eegaluu.

#### **Daa'imman umrii waggaa sadii hanga afuriitti:**

- Taphoota sochii harkaa garaa garaa qaban nitaphatu.
- Salphaatti kubbaa qabuu, konkolaachisuufi darbachuu nidanda'u.
- Iddowwan taphaatti utaa luufi rarra'uu nidanda'u.
- Bakka taa'anii deggersa tokko malee nika'uu.
- Fakkii mana isaanii yookiin kutaa qaama isaanii sadii hanga afurii ga'an nikaasu.
- Aziraariwwan gurguddoo nicufatu.
- Wantoota walirra naquun taphatan sagaliifi isaa ol walirra naquu nidanda'u.
- Maqxoo (maqasii) qabachuun bocawwan asalphoo nikukutu.

#### **Daa'imman umrii waggaa afurii hanga shaniitti:**

- Saaykiloota abbaa gommaa sadii osoo wayitti hin buusiin oofu.
- Kubbaa guddaa qabuu, konkolaachisuufi darbachuu nidanda'u.
- Yeroo fiigan suuta fiiguu eegalu, nidhaabu, akkasumas kallattii nijjiiiru.
- Meeshaalee taphaarraa rakkoo tokko malee niba'u.
- Sararoota, bocawwan asalphoo qubeewwan muraasa nikaasu.
- Of danda'anii ni uffatu, akkasumas nibaasu.
- Fakkii mataa, harka, miillaafi mudhii namootaa agarsiisu nikaasu.
- Waraqaa guddaa irratti dibduu ( brush) guddaadhaan halluu nidibu.

#### **Maatiiwwan kanneen guddinni qaamaa daa'immanii ittiin mul'atan armaan gadii ilaaluu qabu.**

##### **Daa'imman Kichuu**

- Guddina daa'imman kichuu umurii zeeroottii kaasee hanga ji'a lamaa qabanii ilaalchisee, xiyyeeffannoon kan kennamuufii qabu guddina maashaa isaaniirratti dha. Daa'imman kichuun quboota keenya barruu isaanii keessa yeroo galchinu jabeessanii nu qabuu qabu. Haadhooliin fiixee hidhii daa'imman kichuu yeroo quboota isaaniitiin xuqan afaan isaanii gara kallattii qubootaatti naannessu.
- Daa'imman kichuu ji'a sadan isaaniitti bakka ciisanii harka isaanii qabnee yeroo kaasnuun mataa isaanii ol qabatu.
- Ji'a ja'affaa isaaniitti deggersaan ni taa'uu. Mataa isaanii ol qabatanii ni taa'uu.
- Waggaa tokkoffaa isaaniitti immoo daa'imuu, wantoota fageenya irra taa'an xuquu, akkasumas deggersaan dhaabbachuu nidanda'u.
- Waggaa tokkoofi j'ia ja'a booda immoo ofii isaaniitiin dhaabbachuu nidanda'u.

##### **Daa'imman Kurkuran**

- Waggaa lammaffaa isaaniitti deemuu, waan barbaadan yaaduu, dhiibuu yookiin darbachuu nidanda’u.

### **Jalqaba Ijoollummaa**

- Waggaa sadaffaa isaaniitti sirriitti deemuu, gulantaa ba’uu, gulantaa irraa bu’uufi wantoota garaa garaatiin taphachuu nidanda’u.
- Waggaa afuraffaa isaaniitti ofirra naanna’uu, gara oliifi gara fuulduraatti utaaluu, nisussuku, akkasumas harka isaanii dhiqachuun, rifeensa isaanii filachuufi soorachuudhaan ofii isaanii gargaaru.
- Waggaa shanaffaa yookiin ja’affaa isaaniitti tapha utaalchoo hiddaa danda’uu qabu.

### **Guddina Qaamaa Daa’immanii Dadammaqsuu**

#### **Yeroo Marii 2**

#### **Yeroon Ramadame: Daqiiqaa ja’atama**

##### **Mariisaa**

Qabxiwwan ka’umsaa armaan gaditti dhihaatan dubbisi. Akkasumas, ragaan caalaatti balballoomfame kan keessatti argamu, kutaa marii kanaa dhuma irratti, ragaa dabalataa mariisaaadhaaf jechuun yaadawwan eeraman ilaalaa

### **Yaadannoo Barbaachisaa Mariisaa Marii Dura Dubbisu**

Maatiin ijoollee isaanii wajjin yeroo taphatan guddina qaamaa daa’immanii nigabbisu. Tapha dhokachoofti tapha si argeetii kaasee hanga wallaansootti taphoonni gaggeeffaman guddina qaamaa daa’immanii irratti gahee eeyyeentaa nitaphatu.

Taphoonni, maashaa daa’immanii gabbisuu irra darbanii mukuu balleessuudhaan miira si’ayinaa uumu.

Wantoota balaa geessisuu danda’an fakkeenyaaf, hidda elektiriikii qunca’an, qarabaa, haaduu, qorichootaafi kanneen kana fakkaatan biroo bakka daa’imman hin geenye of eeggannoodhaan kaa’uu. Naannoo qulqulluu uumuudhaan, daa’imman walabaan daa’imuu, gaggalagaluufi fiiguu akka danda’aniif haala mijataa uumuunis barbaachisaadha.

Yeroo taphaa wantoota caccaboo/ xixiqqoo gara afaan isaanii galchuufi liqimsuudhaan balaan akka irra hingenye itti dhiheenyaan hordoffii taasisuun barbaachisaadha.

Daa’imman dalagaalee hunda haala eegamuun raawwachuu yoo dadhaban, waan isaan jajjabeessuufi sirreeffama barbaachisu kennuufiidhaan akka isaan raawwatan gargaaraanii.

### **Keessa Deebii Sagantaa Marii Yeroo Darbee (Daqiiqaa Shan)**

**Mariisisaa**

Hirmaattonni lama, yaadawwan ijoo marii yeroo darbee akka yaadachiisan gaafadhu.

1. Wantoonni yeroo darbe irratti mariyanne maal maalfaa turan?
2. Barnoota yeroo darbee, namoota naannoo keessaniifi bakka hojii keessan jiraniif qooddaniittuu?

**Kaayyowwan Marichaa:** xumura marichaa irratti maatiiwwan guddina qaamaa ijoollee isaanii

dadammaqsuu dandeettii isaan dandeessisu niqabaatu.

**Mariisisaa**

Kaayyowwan marichaa  
ibsaafii

**Shaakala Gochaa: Hojii Garee ( Daqiiqaa Soddoma)****Mariisisaa**

Gama guddina qaamaa daa'immanii gabbisuutiin, maatiiwwan dalagaalee hedduutu irraa eegama. Maatiileen sochiilee guyyu guyyuu isaan keessatti hariiroo daa'imman waliin qabaniin dalagaalee hedduu guddina qaamaa daa'immanii gabbisan niraawwatu. Marii guyyichaa irratti kanneeniifi dalagaalee biroo guddina qaamaa daa'immanii gabbisuuf gargaaran irratti akka mari'atan beeksisuu.

Hirmaattota gareetti ramaduudhaan gaaffiwwan shanan armaan gadii hojjechuuf akka qophaa'an taasisuu. Gareewwan hundi yaada marii isaanii kan qabuufi kan dhiheessu nama tokko filuu akka qaban hubachiisuu.

**Gaaffiiwwan Gareen Mari'atamuu**

1. Daa'imman umrii ji'a lamaa qaban guddina qaamaa yookiin sochii isaanii guddisuuf maal gochuu dandeessu?
2. Daa'imman umrii ji'a torbaa qaban guddina qaama yookiin sochii isaanii guddisuuf maal gochuu dandeessu?
3. Daa'imman umrii waggaa lamaa qaban guddina qaama yookiin sochii isaanii guddisuuf maal gochuu dandeessu?
4. Daa'imman umrii waggaa shanii qaban guddina qaama yookiin sochii isaanii guddisuuf maal gochuu dandeessu?
5. Guddina qaamaa yookiin sochii daa'immanii rakkoolee daangessan dhabamsiisuuf maal gochuu qabna?

## **Marii Waliinii:**

### **Mariisissaa**

Gareewwan irraa miseensonni bakka bu'an, deebii gaaffiwwan hundaayyuu ibsuu qabu. Dhiheessitoota garee hundaafuu daqiiqaa sadii sadii qofa eyyamuudhaan deebii garee isaanii akka dhiheessaniifi hirmaattonni lama yaada akka kennan yookiin gaaffii akka dhiheessan haa eyyamamuuf.

Mariisisaan akka goolabaatti yaada gareewwanii cimsuu yookiin sirreessuun sirraa eegama. Kanaaf akka gargaaruttis, yaadawwan yaadannoo mariisissaa irratti barreeffaman dursanii dubbisuufi qophaa'uun ni barbaachisa.

## **Madaallii (Keessa Deebii): (Daqiiqaa Shan)**

### **Mariisissaa**

Gaaffiwwan madaalliidhaaf dhihaatan, guyyichatii hammam akka baratan madaaluudhaaf kan dhihaatan malee qormaataaf akka hintaane maatiwwaniif ibsuun barbaachisaadha. Kana waan ta'eef, hirmaattonni guddina daa'immanii saffisiisuuf dalagaalee gargaaran akka ibsan jajjabeessuu; akkasumas, beekumsa guyyicha argatan keessaa yaada ijoo isaa akka yaadatan gaafachuu. Yaadawwan hirmaattota irraa kennaman hordofuudhaanis, mariisisaan yaada isaanii kan cimsu yookiin sirreessu yaada haa kennu. Duub deebii mariisisaan kennu, barreeffama kana keessatti, raga mariisisaaf kaa'ame wajjiniin wal simachuu qaba.

## **Ergaawwan Ijoo (Daqiiqaa Shan)**

### **Mariisissaa**

Ergawwan ijoo dubbisaafii.

- Daa'imman walabaan akka taphatan, gangalatan, daa'imaniifi deemaniif bakka qulqulluufi fayyaaleessa barbaadu. Bakkawwan daa'imman itti taphatan wantoota irratti nyaata bisheessan, meeshaalee bishaaniifi bukoo, akkasumas, wantoota boba'anii balaa geessisan irraa walaba ta'uu isaanii mirkaneessuu.
- Daa'immaniif wantoota isaan itti taphatan kubbaafi meeshaalee sasalphoo ittiin taphatan biroo kennuufii.
- Quboota harkaafi ija waliin qindeessuudhaan akka taphataniif cirracha, kitaabilee daa'immanii, fakkii kaasuudhaaf qubeessaafi waraqaa, akkasumas, qadaada qaruuraa ( qoorkiiwwan) walirra naqaman kennuufiidhaan akka taphatan gargaaruu.
- Cirraachaafi meeshaaleen taphaa kana fakkaatan biroon gara afaanii, funyaanii, gurraafi k.k.f. seenuu waan danda'aniif, daa'imman yeroo taphatan maatiidhaan hordoffiin gahaa ta'e taasisamuufii qaba.
- Daa'imman waan argan kaasuudhaan gara afaan isaaniitti galchuudhaan akka hin miidhamneef hordofuu

- Daa'imman yeroo sooratan/ nyaatan akka of hinxureessine jajjabeessuu. Akkasumas, harkaafi ija waliin qindeessuudhaan haala itti nyaata nyaatan akka fooyyeffatan gargaaruu.
- Daa'imman salphaadhaan uffachuufi baasuu akka danda'aniif, uffata slphaatti banamaniifi cufaman kennuufii.

### **Goolaba ( Daqiiqaa Afur)**

#### **Mariisisaa**

Yeroo marii kana keessatti maatiiwwan waa'ee guddina qaama daa'immanii ragaalee ijoo akka argatan yaadatamuu qaba. Akkasumas, maatiiwwan waa'ee guddina qaama daa'immanii ragaalee bu'a qabeessa argatan namoota ollaa isaaniitiifi akka ibsan itti himuun barbaachisaadha. Dabalataanis, ganda isaanii keessatti ijoolleen isaanii sochiiwwan akkamii akka taasisan akka hordofaniifi deggersa barbaachisaa ta'e akka taasisaniif hubachiisuun barbaachisaadha.

Itti aansuudhaanis, yaada ijoo marii guyyichaa yaadachuuf kan gargaartuu waraqaa raabsamtu maatiiwwaniif kennuun barbaachisaadha. Akkasumas, maatiiwwan waraqaa kana of eeggannootiin qabuudhaan maatiiwwan isaaniifi olloota isaanii wajjiniin akka dubbisan yaadachiisa kennuun barbaachisaadha.

Xumurarrattis marii guyyichaa irratti hirmaannaa taasisaniif hirmaattota galateeffachuun barbaachisaadha.

### **Yaadannoo Mariisisaa**

#### **Mariisisaa**

Xumura mariiwwanii irratti yaadannoo qabachuun barbaachisaadha. Qophii marichaaftaasistu yookiin adeemsa marichaa keessatti yaadawwan ijoo calalamanii ba'aniifi boqonnaa kana keessatti haammataamuu yookiin irra deebi'amanii qoratamuu qaban galmeessi. Yaadawwan ijoo kunneen sanada kana gara fuulduraatti caalaatti gabbisuuf nigargaaru.

-----  
-----  
----

### **Raga Dabalataa Mariisisaaf Dhihaate**

#### **Maatiiwwan guddina sammuufi qaama daa'immanii gabbisuuf maal gochuu qabu ?**

Maatiiwwan ijoollee isaanii waliin yeroo taphatan, guddina sammuufi qaama daa'immanii nigabbisu. Tapha wal dhokachoo, argee argeetii kaasee hanga wallaansootti taphawwan taasifaman guddina walii galaa daa'immanii irratti gahee eeyyentaa nitaphatu.

Wantoota balaa geessisuu danda'an, fakkeenyaaf: hidda elektiriikii qunca'aa, qarabaa, haaduu, qorichootaafi kanneen biroo bakka daa'imman hin geenye of eeggannoodhaan

kaa'uu, naannoo qulqulluu uumuudhaan daa'imman walabaan daa'imuu, gaggalagaluufi fiiguu akka danda'aniif haala mijataa ummuu barbaachisa.

Yeroo taphaa wantoota caccaboo/ xixiqqoo gara afaan isaanii galchuufi liqimsuudhaan balaan akka irra hingenye itti dhiheenyaan hordoffii taasisuun barbaachisaadha.

Daa'imman dalagaalee hunda haala eegamuun raawwachu yoo dadhaban, waan isaan jajjabeessuufi sirreeffama barbaachisu kennuufiidhaan akka isaan raawwatan gargaaruun murteessaadha.

Maatiiwwaniifi guddistoonni (kunuunsitoonni) ijoollee isaanii wajjin yeroo taphatan taphichaan alatti guddinna qaama daa'immanii saffisiisuufi maashaan isaanii akka jabaatu gargaaraanii jiru. Sochiin qaama daa'immanii yeroo itti dhalatani kaasee ni eegala. Sochiin kunis nuffii dhabamsiisuuf ni gargaaran.

Maashaan dudda isaanii haala ga'aa ta'een yoo jabaate, daa'imman umrii ji'a ja'affaa isaaniitti boraatiitti hirkatanii taa'uu nidanda'u. Maashaan duddaa jabaachuun of danda'anii taa'uu akka danda'aniifi daa'imuuufi deemu yeroo eegalanis gargaarsa olaanaa taasisaaf. Maashaan duddaa daa'immanii haala ga'aa ta'een jabaachuun yeroo daa'imuu eegalan taa'umsa isaaniitiin taa'anii yookiin harkaafi jilba isaaniitiin dhaabbatanii akka daa'iman gargaaraan. Daa'immuun adeemsa guddina qaama daa'immanii keessatti sadarkaa guddinaa baayyee barbaachisudha.

Daa'imman yeroo guddina qaamaa agarsiisaniifi sochii saffisaa eegalan naannoon isaanii balaa irraa walaba ta'uun isaa mirkaneeffamuu qaba. Dabalataanis, sochii qaamaa isaan taasisan daran hedduu ta'uu hin qabu. Sochii qaamaa baayyee taasisuun hammuma sochii qaamaa kamiyyuu taasisuu dhiisuu miidhaa qaba.

Daa'imman muraasni sochii olaanaa, kan boqonnaa hin qabneefi hin baratamne agarsiisuu nidanda'u. Yeroo baay'ee sochii boqonnaa hin qabneefi baay'ee hin baratamne kanneen agarsiisan daa'imman nuffoo ta'aniifi haala ga'aa ta'een guddina qaamaatiin yookiin sammuutiin yookiin immoo lamaaniinuu kan hin sissi'annedha.

Waggoonni muraasni jalqabaa daa'immanii, sammuu dabalatee guddinni qaamaa murteessoon yeroo itti mul'atanidha. Daa'imman haala gaariitiin soorata argatan sammuu isaanii dabalatee guddina qaamaa sissi'ate ni qabaatu. Sammuun daa'immanii haala barbaachisuun yoo sissi'ate salphaatti dandeettiwwan garaagaraa gabbifachuu kan danda'an yemmuu ta'u, guddinni qaama isaanii kan saffiseefi sirrate akka ta'uu gargaara.

## **Guddina Qaama Daa'imman Kichuu Dadammaqsuu**

### **Daa'imman kichuu dhalootaa hanga ji'a lamaatti jiraniif maatiiwwan maal godhu?**

- Daa'imman quba qabuu akka danda'aniif barruu isaanii keessa quboota keenya kaa'uudhaan akka shaakalan taasisuu.

- Daa'imman haammannee fuula keenya bitaatii gara mirgaatti akkasumas, gubbaatii gara gadiitti sochoosuu qabna. Dabalataanis, daawwitii yookiin wantoota halluu ifee mul'atu qaban gargaaramuun sochii wal fakkaatu taasisuun ni danda'ama.
- Daa'imman haammannee qabuun akkasumas, mataa isaanii deggerree qabuun mataa isaanii akka sochoosan sissi'eessuu.

### **Ji'oota Sadii Hanga Ja'aatti**

- Daa'imman mataa isaanii osoo hindeeggeriin ol kaasnee qabuudhaan mataa isaanii akka sochoosan sissi'eessuu. Mataan isaanii baayyee gara boodaatti yoo deeme malee deggeruu dhiisuu.
- Gara cinaatti galagalchuufi mataa ol qabachuu akka shaakalaniif garaa isaaniin ciibsuu.
- Wantoota keeyyana manaa irratti fannifaman mirgaa gara bitaatti sochoosuudhaan sochii mataafi morma daa'immanii sissi'eessuun nidanda'ama.
- Harkoota qulqulluu harka daa'immanii keessa kaa'uudhaan daa'imman harka qabuu akka shaakalan taasisuun nidanda'ama. Boodarra immoo wantoota akka fallaanaa itti kennuudhaan harki daa'immanii qodaa qabuu akka shaakalan taasisuun nidanda'ama.
- Daa'immaniin haala taa'umsaatiin deggeruun, jalqaba mataa isaanii itti aansee jabina kutaalee qaama isaanii isa olaanu guddisuuf gargaara.
- Daa'imman bira wantoota garaagaraa kaa'uudhaan harka isaanii diriirsanii akka qaban taasisuun nidanda'ama.

### **Ji'oota Torbaa Hanga Kudha Lamaatti**

- Daa'imman deggersa tokko malee sarbaa keenyarra akka taa'an taasisuu.
- Mana keessa lafarra garaa isaaniitiin akka ciisan taasisuudhaan, waan fagoorraa calalaqsuu yookaan sagalee dhageessisu itti agarsiisuutiin, gara keenyatti akka dhufan gochuun, daa'imman daa'imuuf akka sissi'atan taasisa.
- Daa'immaniin deggeruudhaan miilla isaaniitiin akka dhaabbataniifi suuta suuta deemuu akka yaalan taasisuu.
- Mukoota garaagaraa walii walii isaanii walitti rukuchuudhaan, daa'imman sagalicha akka dhaggeeffataniifi gochichas akka ilaalaniifi akkasumas, daa'imman haala wal fakkaataa ta'een gochicha akka raawwatan taasisuun sochii harka daa'immanii sissi'eessuuf gargaara.
- Waan daa'imman baayyee itti gammadan keeyyana manaa irratti fannisuun daa'imman qabuufi itti bu'uu akka yaalan taasisa. Garuu, wanta fannisamu sana baay'ee akka fagaatu gochuun hin barbaachisu.
- Bishaan baaldiitti guutuun daa'imman bira akka taa'uufi walitti facaasaa akka ittiin taphatan taasisuun sochii harkaa daa'immanii sissi'eessuuf gargaara. Garuu, daa'immaniin miidhaan akka isaan hin mudanne itti dhiheenyaan hordofuun barbaachisaadha.
- Wantoota garaa garaa lafarra kaa'uun daa'imman akka kaasaniifi akka gatan gochuun sochii harka daa'immanii sissi'eessuuf gargaara.

### **Ji'oota Kudha Lamaa Hanga Kudha Saddeetiitti**



- Daa'imman waan isaan jaallatan darbachuudhaan akka isaan qaban jajjabeessuun sochii harkaa daa'immanii sissi'eessuuf gargaara. Daa'immanii wajjin tapha kennuufi fudhachuu taphachuudhaaf wantoota garaagaraa irra deddeebi'udhaan darbachuu barbaachisa.
- Sahaanoota sadii hanga afurii gahan yookiin qadaaddiiwwan qaruuraa diddiriroo ta'an tokko isa tokkorra kaa'udhaan walirra naqanii taphachuun sochii harkaa daa'immanii sissi'eessuuf gargaara.
- Daa'immaniin yeroo nyaachistan akka isaan sin gargaaran jajjabeessuun sochii harkaa daa'immanii qindaa'aa ta'e sissi'eessuuf fayyada.
- Harka daa'immanii qabuudhaan isinii wajjin akka isaan deeman taasisuu.

### **Guddina Qaamaa Daa'imman Kurkuranii Sissi'eessuu**

Sochiin harkaa daa'immanii guddachuu yoo eegale, dalagaalee garaagaraa daa'imman akkamitti akka raawwatan maatiiwwan itti agarsiisuu qabu. Fakkeenyaaf, akkamitti akka siinii yookiin sahaanii qaban barssiisuun barbaachisaadha. Daa'imman kan danda'an qofa akka kaasan, kan humana isaanii olii akka hin kaasne gochuun barbaachisaadha. Maatiiwwan yookiin guddistoonni carraa daa'imman sochiifi amala haaraa agarsiisuu itti danda'an jiraachuu isaa mirkaneessuu qabu. Kunis, dalagaalee mashaalee xixiqqaafi gurguddaa guddisuu dandeessisan raawwachuuf carraa kennaaf. Daa'imman hordoffii itti dhiheenya olaanaa maatiiwwaniifi guddistootaan taasifamuun laga qarqara, bakka nyaata itti bilcheessan bira yookiin abidda bira akka dhaabbatan eeyyemamuufii qaba. Kunis, daa'imman abiddi akka gubu; akkasumas, namoota gurguddoo bishaan daakuu danda'an yoo ta'e malee, bishaan lagaa akka nama nyaatu barsiisuuf gargaara. Maatiiwwaniifi guddistoonni, daa'imman naannawaa isaanii qaqqabaa akka itti guddataniif naannawaa fayyaaleessa ta'e uumuu qabu. Daa'imman umrii isaanii kanatti kubbaa darbachuufi rukuchuu barachuu nidanda'u. kunis, maashaalee isaanii guddisuuf isaan gargaara. Taphni barbaachisaa biroon dhokachoodha. Dhokachoo taphachuun, barbaaduufi argachuu qofa osoo hin taane, walii walii isaanii isa dhokate barbaachuuf yeroo fiffiigan mashaaleen isaanii akka gabbatan gargaara.

### **Guddina Qaamaa Ijoollummaan Duratti Sissi'eessuu**

Guddina qaamaa daa'immanii sissi'eessuuf dalagaalee armaan gadii fayyadamuu nidanda'ama.

- Maatiiwwaniifi guddistoonni, haala jireenyaa, daa'imman yeroo hundaa dammaqoo ta'anii itti taphatan uumuu qabu. Daa'imman yeroo hunda akka taa'an jajjabeeffamuu hinqaban.
- Daa'imman ijoollummaa duratti argaman yeroo hunda taphachuu kan qaban manaan alatti, bakka qilleensa qulqulluu itti argatanitti ta'uu qaba. Manaan alatti taphachuun walabaan kallattii barbaadanitti socho'uun taphoota garaagaraa taphachuuf gargaara.
- Maatiiwwaniifi guddistoonni daa'immanii wajjin taphachuu qabu. Daa'imman yeroo taphatan qarqara dhaabbatanii daawwachuurra wajjiniin taphachuun maatiiwwaniifi daa'imman gidduutti hariiroo gaarii uuma.

- Taphni gammachiisaan biroo immoo ashawaarraa yookiin galaalcha moofarraa bocawwan garaagaraa hojjechuudha. Kunis, daa'imman harkawwan isaanii bocawwan garaagaraa hojjechuuf yeroo itti gargaaraman maashaaleen harka isaanii akka gabbataniif isaan gargaara.
- Daa'imman umrii isaanii kanaan balaadhaaf osoo ofi hinsaaxiliin dalagaalee haharaa akka yaalaniif jajjabeeffamuu qabu. Kanaafuu, daa'imman baayinaan irra deddeebi'anii fiigichoo, utaalchoo, akkasumas, meeshaalee irra ba'uufi bu'uu akka shaakalan jajjabeessuun barbaachisaadha.
- Maatiiwwaniifi guddistoonni mana keessatti hojii yeroo hojjetan daa'imman qodaa akka kennaniifif, akkasumas, qodaa tokko bakka tokko akka kaa'an gaafachuunii qabu.
- Daa'imman uffata isaanii ofii isaanii akka uffataniifi akka baasan jajjabeeffamuu qabu.
- Daa'imman meeshaalee qabanii yeroo taphatan, yeroo utaalaniifi fiigan, yeroo ba'aniifi bu'an, maashaalee xixiqqootti fayyadamu. Kunis, maashaalee harkawwaniifi miillawwan isaanii akka gabbataniif isaan gargaara.

### **Guddina Qaamaa Daa'immanii Saffisiisuuf Dalagaalee Waliigalaa Maatiiwwaniifi Guddistoonni Raawwachuun Qaban**

- Daa'imman walabaan kan irra socho'an, irra gangalatan, irra daa'imaaniifi irra deeman, balaarraa walaba kan ta'e, qulqulluufi bu'aa ba'ii kan hinqabne bakka qopheessuun barbaachisaadha.
- Salphaatti maashaalee harkaa kan hiikuu danda'an meeshaalee taphaa kanneen akka kubbaa kennuun barbaachisaadha.
- Daa'imman dandeettii haaraa baratan akka gabbisaniif maatiiwwaniifi guddistoota irraa jechoota mirkaneessuuf dhaggeeffachuufi seeqa (fuula ifaa) arguu barbaadu. Kanaafuu, sochii isaanii kana waan jajjabeessuu malu itti agarsiisuun barbaachisaadha.
- Daa'imman meeshaa taphaa kennameeffitti gammadoo ta'uu isaanii mirkaneessuun barbaachisaadha.
- Daa'imman rifeensa mataa keessanii harkisuun yookiin gurra keessan harkisuun yeroo taphatan obsaafii. Haalli kun, maashaaleefi quboota isaanii ishee xinnoodhaan akkamitti qabuu akka danda'an, dandeettii haaraa baratan shaakalaa jiraachuu isaanii agarsiisa. Kanaafuu, tarii kishaafa ijaa (eye glass) nifayyadamtu yoo ta'e, salphaatti akka hin cabne dursanii baasuun barbaachisaadha.
- Qindoomina maashaalee daa'immanii kanneen gabbisan, intalshee boca adda baasuu dandeessisan, kitaabilee daa'immanii, qubeessaa, waraqaa fakkiifi meeshaalee taphaa kennuun barbaachisaadha.
- Yeroo hunda wantoota daa'imman salphaatti kaasaniifi gara afaan isaaniitti galchan fageessuun barbaachisaadha.
- Hammam yeroo jalqabaaf rakkisaa ta'uyyuu, daa'imman ofii isaaniitti akka nyaatan taasisuun qindoomina harka isaanii, ija isaaniifi sahaanii irraa sooratan gidduu jiru akka fooyyessan gargaara.

- Daa'immaniif uffata salphaatti cufamu kennuudhaan uffachuufi baasuu akka shaakalan taasisaa.